*kan Miidiyaa Eeshiyaa, Mana Maree Daldalaa Chaayinaa Ameerikaa – MN fi Spitfire waliin ta'uun hojjetame*

# TALAALLIIN ULFAA'UUFI JIREENYAA DHUUNFAA NI EEGA – AKKAMITTI AKKA TA'E ILAALI



**PROJECT HEALINGS**
**COVID-19 SERIES - KEEYYATA #3**
**Interviews with Dr. Rodolfo Gutierrez**

Hawaasi Laatiinii Minisootaa keessa jiraatu jalqabuma irraa ka'ee COVID-19f warra adda duree turanidha. Baay'een isaanii hojiiwwan barbaachisoo ta'an hojjetu, isaanis qonna, hojii mana foonii, mana nyaataa, kunuunsa fayyaa, fi ijaarsa kan hammatudha. Latine-owned businesses (Daldala Laatiin qaban) kan hawaasichaaf tajaajila barbaachisaa kennullee waggoota lamaan darbaniif sababa cufaa tureef rakkoon isa mudateera[1]

Hojiiwwan barbaachisoon kun weerara sana keessa akka dabarru nu gargaaranii jiru, haa ta'u malee hojjetoota yaaddoo COVID keessa buusanii jirus. Talaalliin gargaaruu danda'a.

Lakkoobsi uummataa bara 2020 ummata Menesootaa keessaa %6.1 Laatiinii kan ta'aniifiachii as dhufni isaanii bakka adda addaa hedduu akka ta'e agarsiisa. Biyyotni Laatiin Ameerikaa keessa jiran baayyeen isaanii dhibee daranyoo(TB), pooliyoo, akkasumas vaayiresii kanneen biroo qolachuuf sagantaa talaallii jabaa qabu.

Hanga Hanga Ebla 27, 2022tti namoonni Hispaniik Menesootaa keessa jiran keessaa %72.9 talaallii COVID kana duraan fudhatanii turan jedha Minnesota Department of Health. [2] Sadarkaan talaallii ol'aanaa ta'uun isaa dhukkubaafi du'a gurguddaa hir'isuuf gargaareera. April 2021 keessa namoonni Hispaniik namoota adii Hispaniik hin taane caalaa carraan vaayirasichaan qabamuu dachaa 1.3, hospitaala seenuu dachaa 3, akkasumas carraan COVID-iin du'uu dachaa 2 caala. [3] Ragaan Ebla 2022 irraa argame akka agarsiisutti yeroo ammaa galata talaalliitii namoota muraasa qofatu rakkachaa jira. [4]

## Maatii fi dubartii ulfaa eegu

Hawaasa Laatiniitiif maatiiwwan waan ijoodha. Matiin madda gargaarsaa, fayyaa, gorsaa, fi kunuunsaati. COVID-19 salphaatti sababa tatamsa'uuf murtoon dhimma fayyaa nama tokkoo maatii guutuu irratti dhiibbaa guddaa qaba. Hededuma maatiin guddatu, karaa ittiin nama hundumaa fayyummaasaa eegsisuun dandaa'amu itti yaaduun gaariidha.

Kun addumaan dubartii ulfaafi daa'immaniif dhugoomuu qaba. Yeroo ulfaa, fayyummaan daa'imaa yeroo kamiyyuu dursa ol aanaa argachuu qaba. Yeroo ulfaa waan qaama keessan keessatti fudhattaniif yaaddoo qabaachuun keessan akkasumas talaallii COVID tiif gaaffii qabaachuun keessan waanuma uumamaati.

Talaalliin kun haadholii ulfaa fi daa'imman fayyaa akka qabaatan gargaara. Qorannoon akka agarsiisutti talaalliin kun nageenya qaba. Talaalliin dandeettii dubartiin daa'ima godhachuu hin miidhu ykn yeroo ulfaa rakkoo hin fidu. Dubartoonni ulfaa hospitaala ciisuu fi COVID-19n du'uuf carraa guddaa qabu. Vaayirasichi carraa du'aa da'uu fi yeroo malee da'uus ni dabala. Talaalliin kun balaawwan kana ittisuuf gargaaruu danda'a.

Rodolfo Gutierrez, lammii Minnesotaa fi Daarektarri Olaanaa garee qorannoo HACER itti dabaluudhaan, "Qorannoon akka agarsiisutti daa'imman yeroo ulfaa karaa haadholii isaaniitiin talaallii ni fudhatu."

Qorannoon(study) Waldaa Meedikaalaa Ameerikaa tokko akka agarsiisutti dubartoonni ulfaa yommuu talaallii fudhatan dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu hamma tokko daa'imman gadameessa isaanii keessa jiraniif dabarsuun dhukkuba irraa akka isaan eegu ibseera. [5] Ragaaleen biroo akka agarsiisanitti yeroo ulfaa guutummaatti talaallii fudhachuun daa'imman COVID'n hospitaala seenuu irraa dhaabuu danda'a. [6]

## Naga-qabeessummaa talaalliifi jireenya dhuunfaa

Teeknooloojiin talaallii kana keessatti fayyadame COVID-19 illee osoo hin dhufin waggoota kurnaniif qoratamee ture. Dabalataan talaalliin kun waggaa tokkoo oliif hojiirra oolaa jira. Erga talaalliin dhuma bara 2020 mirkanaa'ee as aanga'oonni ragaa dabalataa walitti qabuun nageenya talaallii hordofuu itti fufaniiru. Qorannoon kun talaalliin nageenyaafi bu'a qabeessa ta'uu mirkaneessa.

Talaalliin dhukkubni namootatti akka hin cimneefi gara yeroo %90 gara hospitaalaa deemuu akka hin barbaachifne dhorka. Eegumsi talaallichaa ji'oota hedduuf kan turudha. Talaalliin namoota duraan COVIDn(already gotten COVID) qabamanis deebi'anii baay'ee akka hin dhukkubsanne gargaara. [7]

Bulchiinsi Minnesota mirga namni hundi talaallii fudhachuufi COVID-19 irraa eegamuu qabu ni tumsa. Talaallii fudhachuuf inshuraansii ykn sanada kamiyyuu isin hin barbaachisu.

Gutierrez akkas jechuun yaadata, "Jalqaba irratti, ogeeyyiin qorichaa dhukkubsattoota galmeessuufi inshuraansii barbaaduuf waraqaa eenyummaa gaafatan tokko tokko turan.Kunis namoonni tokko tokko talaallii kana akka hin fudhanne waan dideef hawaasa keenya irratti dhiibbaa hamaa geessiseera. Mootummaan garuu raabsitoota talaallii namoota garagalchuu akka hin dandeenye yaadachiisuuf gidduu seene."

Abbaan taayitaa namni hundi sanada qabatees ta'e sanada malee talaallii fudhachuu akka danda'u irratti hojjetaniiru, manneen yaalaas hojii isaanii jijjiiruun eenyummaa akka hin gaafanne taasisaniiru.

Sirni talaallii kunis tarkaanfiiwwan nageenyaa iccitii keessan eegu qaba. Odeeffannoon talaallii (Vaccine information) daataa fayyaa hawaasaa waliigalaa qofaaf fayyadamuun ni danda'ama. Angawoonni immigireeshinii (Immigration authorities) odeeffannoo talaallii argachuu ykn bakka talaallii ykn qorannoo itti godhamutti dhihaachuu hin danda'ama



## Kunuunsa afaaniifi hawaasa kee keessatti

Odeeffannoo fayyaa afaan Ispaanishii fi afaanota dhalootaan Laatiin Ameerikaa durjiin argachuun rakkisaa ta'uu danda'a.Kanaafuu, hawaasni Laatiin kunuunsa isaan barbaachisu akka argatan walgargaaruuf gurmaa'aa jiru. Dhaabbileen akka Project HEALINGS, HACER, fi sagantaalee oduu biyya keessaa(local news programs) qabeenya COVID Afaan Ispaanishii qooduuf hojjechaa jiru. Kunis hojjettoota godaantootaa hanqina hojjettootaa gargaaruuf as imalan dabalatee namoota afaan Ispaanish dubbatan Minnesota keessa jiraataniif gargaara.

COVID-19 waggoota lamaan darban sodaachisaa fi humnaa ol taasiseera. Garuu waa'ee talaallii kanaa caalaatti baruun fayyaa kee to'achuu fi hawaasa kee eeguu dandeessa. Doktoroonniifi narsoonni gaaffii keessan deebisuufi yaaddoo keessan salphisuuf qophiidha. Kanaafuu, gaaffii gaafachuu fi miseensota maatii fi hiriyoota waliin waa'ee muuxannoo talaallii isaanii haasa'uu itti fufi. Sunis talaalliin siifi maatii keetiif ta'uu fi dhiisuu isaa murteessuuf si gargaara. Odeeffannoo dabalataaf, [projecthealings.info](projecthealings.info) ilaalaa.




## Reference


1. Gutierrez, R., Hawkins, J., Higuera, J. P., Linscheid, N., Tuck, B., & Hernandez-Swanson, J. (2020). Impacto del COVID-19 en las empresas de propiedad de latinos en Minnesota. Hispanic Advocacy Community Empowerment through Research, University of Minnesota Extension.
2. COVID-19 Vaccine Data. (n.d.). COVID-19 Updates and Information - State of Minnesota. Retrieved April 28, 2022.
3. Gabilondo-Scholz, A. I. (2021, April 14). Racial inequities faced by MN Latino community during pandemic | Blue Cross MN. Blue Cross Blue Shield MN.
4. Weekly COVID-19 Report 4/28/2022. (2022). Minnesota Department of Health.
5. Shook, L. L., Atyeo, C. G., Yonker, L. M., Fasano, A., Gray, K. J., Alter, G., & Edlow, A. G. (2022). Durability of Anti-Spike Antibodies in Infants After Maternal COVID-19 Vaccination or Natural Infection. JAMA, 327(11), 1087–1089.
6. Halasa NB, Olson SM, Staat MA, et al. Effectiveness of Maternal Vaccination with mRNA COVID-19 Vaccine During Pregnancy Against COVID-19–Associated Hospitalization in Infants Aged <6 Months — 17 States, July 2021–January 2022. MMWR Morb Mortal Wkly Rep 2022;71:264–270.
7. Kimberlee, D. K. D.. (2022, March 31). COVID-19 vaccines reduce hospitalization, death in people with prior infection, study finds. News Center.



***Acknowledgement***

*This project is supported by the Centers for Disease Control and Prevention of the U.S. Department of Health and Human Services (HHS) as part of a financial assistance award totaling $4,000,000 with 100 percent funded by CDC/HHS through NNPHI. The contents of this document are those of the author(s) and do not necessarily represent the official views of, nor an endorsement, by CDC/HHS, or the U.S. Government.*